COVID-19 & TOBACCO

Itoophiyaa

Qorannoo

Weerarri Dhibee Vaayirasii Noovel Koronaa 2019 (KOVID-19)) sababa vaayirasii 'severe acute respiratory syndrome coronavirus 2 (SARS-CoV-2)' tiin kan dhufu; haala jiruu fi jireenya uummattota addunyaa baay'ee miidhaa jira. Ragaawwan qabatamoo ba'aa jiran eenyutu KOVID-19'f irra caalaa saaxilamaa akka ta'e haa agarsiisan malee, tamboo xuuxuun garuu KOVID-19'f hagam akka nama saaxilu waanti beekamu baay'ee xiqqoodha. Dabalataan, yeroo biyyootni weerara dhibeewwan daddarboo kanneen akka KOVID-19 to'achuuf yaalii godhanitti; akkaataa isaan feedhii to'annaa tamboo fooyyessuu waliin wal simsiisaa itti deeman hin beekamu.

Qorannoon hatattamaa ragaa irratti hundaa'ee fi sakatta'iinsi kallattiin interneeta fayyadamuun itti fayyadamaa fi to'annoo tamboo yeroo weerara KOVID-19 raawwatamu irratti Ji'a Caamsaa-Waxabajjii 2020 keessa geggeeffamee jira. Qorannoon kun kan bu'uureffame; Biyyoota Gamtoomanii jiraniin, sagantaa dandeettii to'annoo tamboo[1] kan Yuniversiitii 'Edinburg' fi Jaarmiyaalee miiltoo ta'an kan biyyoottan Eshiyaa Kibbaa saddeetii fi Afriikaa, Itoophiyaa dabalateeni. Kaayyoon qorannoo kanaa akka waliigalaatti; Mootummaan murtee imaammataa sirrii ta'e waa'ee fayyaa hawaasaa akka murteessuuf keessattuu tarkaanfilee to'annoo tamboo yeroo weerara KOVID-19 deeggaruufi. Ibsi imaammataa kun kan qophaa'e, geggeessummaa Yuniversiitii Finfinnee Muummee Barnoota Fayyaa Hawaasaatini dha (Ibsa dabalataaf fuula dhumaa argadhaa).

Gabaasni ibsa imaammata kanaa bu'aa ijoo qorannoo hatattamaa walitti dhufeenya KOVID-19 fi to'annoo tamboo xuuxuu Itoophiyaa keessaa kan ibsu dha.

Itti Fayyadama Tamboo Itoophiyaa Keessatti

Tatamsa'inni tamboo xuuxuu yeroo ammaa kana qorannoon 2016 geggeeffame akka agarsiisutti ga'eessotni %5 (%8.1 dhiira fi %1.8 dubartii) fi %3.8 magaalaa fi %5.3 baadiyyaa keessatti kan argamu dha[2]. Akka qorannoon daa'imman umriin isaanii waggaa 13-19 jiran 3,967 irrati geggeeffame agarsiisutti immoo %8 (% 12.6 dhiira fi %4.8 shamarran) kan durillee ta'u xuuxaa turanii fi % 3 (% 3.7 dhiira fi % 1.3 Shamarran) immoo yeroo ammaa kana warra xuuxan mul'isa[3]. Dargaggoon tamboo araamalessa fayyadaman baay'ee xiqqoo kan ta'anii fi ga'eessotni tamboo araamalessa fayyadaman kunis %0.8(%1.1 dhiira fi %0.8 shamarrani dha)[4].

Lakkoofsi kun kan tilmaama guutuu Afrikaa waliin wal bira qabamee yeroo ilaalamu lakkoofsa baay'ee xiqqaa amanuuf ulfaataa ta'ullee; biyyattii keessatti lakkoofsi dargaggootaa fi ga'eessotaa baay'ee guddaa waan ta'eefi kun immoo gara fulduraaf fedhiin warshaa tamboo biyyattii akka babal'atu jajjabeessa.

Cuunfaa yaada gorsaa

- Furmaata KOVID-19 kennuuf, mootummaan dirqama isa irraa eegamu du'aatii fi dhibee sababa tamboo fayyadamuutiin dhufu ittisuu tasa xiqqeessee ilaaluu hin qabu
- Itoophiyaan dirqama seera tamboo to'atu hojiirra oolchu qabdi
- Yeroo ammaa kana hawaasa fayyaa guutuu fi nageenyi isaa eegame horachuuf biyyattiin dhibee daddarboon fi daddarboo hin taane walitti qindeessuun ittisuun ishee barbaachisa.
- Itoophiyaa keessati yeroo ammaa kana seerri haaroofti gatii dhandhaamu (tax bill) tamboo jajjabeessaa haa ta'u malee, Akkaataa Dhaabbatni Fayyaa Addunyaa yaada furmaataa kaa'uun jijjiiramni baay'ee ni barbaadama, dhibee fi du'aatii tamboon walqabatanii dhufan ni hir'isa, akkasumas galii biyyatti dandamannaa KOVID-19 booda ni guddisa.

Itoophiyaatti Waa'ee Dhibee KOVID-19

KOVID-19 mirkaanaa'ee yeroo jalqabaatiif kan gabaafame Bitooteessa 13, 2020 dha. Hanga Hagayya 4, 2020tti walumaa galatti dhibeen mirkanaa'e 19,877 yeroo ta'u lakkoofsi du'a gabaafamee 343 dha. Akkasumas, 8,240 dhibee irraa kan dandamatan yommuu ta'u, 11,292 immoo hanga ammaatti dhibee waliin kan jirani dha. Biyyattii keessatti tatamsa'ina vaayiraasii kanaa hir'isuun yoo yaalamus, yeroo ammaa kana dhibeen haaroofti kan jiruu fi hawaasa keessa tatamsa'inni itti fuufinsa qabu kan jiru dha.

Madda Ragaa

Ibsi imaammata kanaa sakatta'iinsa qooda fudhattootaan Waxabajjii 14-26, 2020 raawwatame dha. Haalli ragaan kun itti funaaname (Fakkii 1); Og-barruu ilaaluu fi ragaa adda addaa maddeewwan wabii hin qabne ykn hin maxxanfamne xiinxaluudhaan Fknf. kan akka gabaasa qaama mootummaa fi sarara miidiyaa irraa argamufaa dha.

Ragaa argachuuf mariin marsaa sadiin (Caamsaa 15, Waxabajjii 22 fi Adoolessa 1, 2020) gaggeeffame maddoota odeeffannoo armaan gadii shananiin ta'a:-

1. Google search using the 'All' and 'News' tab; 2. Website search: Office of the Ethiopian Prime Minister, Ethiopian Ministry of Health, Ethiopian Public Health Institute (EPHI), WHO Country Office for Ethiopia, WHO FCTC, Intergovernmental Authority on Development (IGAD), Ethiopian Food and Drug Administration; 3. NGO websites: Centre for Tobacco Control Africa, AMREF Health Africa, African Tobacco Control Alliance, Tobacco Atlas, Mathiwos Wondu YeEthiopia Cancer Society; 4. Online print press using Google alerts; and 5. Twitter accounts: Waajjira Mummiicha Ministeera, Ministeera Fayyaa ,Instiitiiyuutii Fayyaa Hawaasa Itoopiyaa,WHO Itoophiyaa, Mathiwos Wondu YeEthiopia cancer society kan ta'ani dha.

Walumaagalatti xiinxala gaggeeffameen maddi ragootaa 55 adda bahee, isaan keessaa torba ragaaf kan cuunfaman fi isaan gurguddoon kan akkaa Gaazexaa, websites fi Twitter EPHI irraa dha.

Adeemsa isaa ilaalchisee odeeffannoo dabalataatiif maaloo garee qorannoo kanaa teessoo isaanii dhuma barreeffama kanaa irra jiruun qunnamaa.

Fakkii 1: Amaloota saamuda qooda fudhattoota deebii kennuu irratti hirmaatanii

Deebii	Iddoo	Dhaabbata hirmaatan	Sadarakaa irratti hojjetame
• Ergaa darbe 119 • 71 (60%) qooda fudhattootni keessatti hirmaataniiru	• Finfinnee (74.6%, n=53) • Oromiyaa (9.9% n=7) • Tigraayi (7.0%, n=5) • NSSUK 'SNNPR' (5.6%, n=4) • Amhaara (2.8%, n=2)	• Qorannoo fi barnoota (46.5%, n=33) • Mootummaa (28.2%, n=20) • Waldaa oggeessota fayyaa (11.3%, n=8) • Dhaabbata idila Addunyaa (7.0%, n=5) • Hawaasa Siivilii (5.6%, n=4) • Kan biroo (1.4%, n=1)	• Addunyaa (5.6%, n=4) • Biyyaalessa (83.1%, n=59) • Naannoo (11.3%, n=8)

Waa'ee KOVID-19 fi Itti Fayyadama Tamboo Maal Beeknaa?

Qorannoon hatattamaa walitti dhufeenya KOVID-19 fi tamboo fayyadamuu gidduu jiru ilaaluuf Qorattoota Yuniversiitii Koolejii Londonin geggeeffamee ture[1]. Kaayyoon isaas walitti dhufeenya bu'aa tamboo xuuxuu'n KOVID-19 waliin qabu qorannoo Koollejii hogbarruun babal'isuu dha. Maxxansi jildii 5ffaan isa baayyee dhiyoo ta'e dha (kan maxxanfame Adoolessa gara jalqabaa, 2020). Jildiin inni dhiyeenya qorannoo 148 kan hammatuu fi yaadni guduunfaa isaas "walitti dhufeenyi qabatamaa tamboo xuuxuu fi bu'aawwan KOVID-19 gidduu jiru hin beekamu" kan jedhu dha. Haa ta'u malee, akka ragaan qabatamaa agarsiisutti namootni tamboo xuuxan namoota tamboo hin xuuxne caalaa hospitaala keessatti KOVID-19'n kan dararaman ta'uu isaati. Akkasumas hospitaala keessatti carraan du'atii sababa KOVID-19 irra caalaa kan mul'atu namoota tamboo xuuxan irratti dha. Akka barreessitootni ibsanitti walitti dhufeenya tamboo xuuxuu fi KOVID-19 mirkanaa'uu yoo baate iyyuu, namootni tamboo xuuxan irra caalaan isaanii dhibee hargansuutiif akka saaxilaman dha.

Kanaafuu, tamboo xuuxuu dhiisuun dhimma ijoo fayyaa hawaasaa kan dursi kennamuuf ta'ee; tumsi godhamuuf to'annoo weerara dhibee KOVID-19 keessatti hammatamuu qaba. Qorannoon geggeeffame akka agarsiisutti, Itoophiyaa keessatti maxxansi walitti dhufeenya KOVID-19 fi tamboo ibsu hin jiru.

KOVID-19 fi To'annoo Tamboo Itoophiyaatti

Sakatta'iinsa geggeeffameen warra deebii deebisan keessaa harki walakkaan (%48.6, n=34) walitti dhufeenyi KOVID-19 fi tamboo fayyadamuu ibsa imaammataa ykn miidiyaa irratti ibsamee akka jiru kan irratti waliigalanidha (Akka fakkii 2 irratti ibsame).

Haata'u malee akka warri deebi deebisan ibsanitti dhimmi kun marii imaammataa irra caalaa miidiiyaalee irratti heeddummata.

"Fayyadamtootni tamboo xuuxuu akka dhaabaniif; wa'ee miidhaa sababa walitti dhufeenya KOVID-19 fi tamboo xuuxuu; Imaammata keessatti tuquu caalaa, Miidiyaalee hawaasaa irratti itti himuu."

"Akkan miidiyaalee irraa dhaga'etti namootni tamboo xuuxan KOVID-19 tiif baay'ee saaxilamoo dha. Tatamsa'inni tamboo xuuxuu biyya keenya keessatti gad-aanaa ta'e iyyuu xiyyeeffannoo itti kennuun barbaachisa dha."

Fakkii 2. Tamboo xuuxuu fi COVID-19 Marii imaamataa moo miidayaalee irratti caala mari'atame?





Namoota qorannoon irratti geggeeffame kudhan keessaa afur, (39.7%, n=27) akka jedhanitti, ogeeyyiin fayyaatii fi angawoonni mootummaa yeroo weerara kana keessatti fayyadamtoota tambootiif gorsa akka laataniif. Gorsichis KOVID-19 sirna hargansuu akka miidhu, tamboo xuuxuun immoo dandeettii dhibee kanarraa bayyaannachuu daran akka xiqqeessu. Kenniinsi gorsa kanaa kan inni xiyyeffate namoota gaayyaa fi shiishaa xuuxan irratti ture. Keessattuu yeroo weeraraa kana namootni tamboo, shiishaa fi gaayyaa xuuxan kun aara somba isaanii keessaa bahu irraa maatii isaanii akka eegan ture. Keessattuu yeroo weerara kanaatti, itti fayyadama tamboo xiqqeessuu ykn tamboo xuuxuu dhaabuun ergaa ijoo gorsa kanaa ture.

Fakkii 3. Imaamata COVID-19 tiif deebbii kennuu keessatti Wa'een ittisa Tamboo xuuxuu xiyyeeffannoo argateeraa?



Gorsi kun kennamus, namoota qorannoon irratti geggeffame keessaa namoota xiqqoo qofatu (%10) tamboo xuuxuu dhaabuudhaaf fedhii agarsiise.

Namootni qorannoo kanarratti hirmaatan akka jedhanitti, imaammatni KOVID-19 ittisuuf Itoophiyaan qopheeffatte, dhimma tamboo to'achuu kan hammate miti. Akka namootni walakkaa gad jedhanitti dhimmi kun imaammaticha keessatti hin hammatamne, harki tokko sadaffaan akka jedhanitti, imaammatichi to'annaa tamboo irratti xiyyeeffachuu fi xiyyeeffachuu dhabuusaayyuu hin beekani, akkuma Fakkii 3 kanarratti mul'atutti.

Qorannoon kunis yeroo weerara KOVID-19 kanatti, waamicha to'annaa tamboo cimsuuf taasifamu tokkolle kan adda hin baafne dha. Xiyyeeffannaa tokkittiin gama tambootiin taasifame, waa'ee odeeffannoo balaa tamboo xuuxuun wal qabatee dhufuu fi tamboo xuuxuu akka dhaaban jajjabessuu qofa ture. Dhaabbatni Fayyaa Hawaasaa Itoophiyaa fi Ministeerri Fayyaa akka namoonni tamboo xuuxuurraa of eegan karaa tiwiitera isaanii ibsaniiru. akkasumas, abbaan taayitaa nyaataa fi qorichaa (Food and Drug Authority) dhimma kanarratti maxxansa baaseera. Ministeerri fayyaas twiitera dhaabbata fayyaa addunyaa kan naannoo Afrikaa "Tamboo xuuxuun yaalii KOVID-19f hin oolu, hin fayyisus ,miidhaa isaa daran hammeessuu mala" jedhu irra deebiin twiitera isaarratti maxxanseera. Ergaan naannoo Caamsaa 31 guyyaa akka Addunyaatti Tamboo xuuxuu dhorku kun ergaa xiyyeffannaa addaa qabu ture.. Argannoon kun kan nama ajaa'ibu hin turre, namoota qorannoo kana irratti hirmaatan keessaa harki tokko shanaffaan (19.4%,n=13) akka jedhanitti imaammatni ittisa KOVID-19, dhimmoota to'annoo tamboo kan dabalate haa ta'u malee, tamboo dhaabuu qofarratti kan xiyyeeffatedha.

KOVID-19 fi Warshaa Tamboo Itoophiyaatti

Namoonni qorannoo kanaaaf yaada kennan dhiibbaa warshaan tamboo Itiyoophiyaa keessaa yeroo rakkoo KOVID-19 kana keessa geessisu hubannoo muraasa qabu, harki 2/3 gadi (%62.7) hin beekani, harki ¼ (%25.4.) ta'an immoo dhiibbaa hin qabu jedhan. Kun ragaa kanaan dura dhimma warshaan tamboo KOVID-19 irratti deebii kennuu isaaf ragaan tokkollee hin argamne jedhu wajjin wal sima. Haa ta'u malee namonni qorannoo kanaaf yaada kennan muraasni, sochii sadarkaa itti gaafatamtoota daldala dhuunfaatti raawwataman, kan akka dhiyeessii saanitayizarii harka dhiqannaa, meeshaa ittisa nama dhuunfaa (PPE) fi angawaa mootummaaf akka gumaachan caqasaniiru. Itiyoophiyaa keessatti ragaan KOVID-19 tarkaanfii Imaammataa gatii ykn dhiyeessii tamboo irratti dhiibbaa qaba jedhu hin jiru, garuu biyyoonni muraasni immoo yeroo balaa kanaatti gurgurtaa tamboo fi dhugaatii alkoolii dhaaban. Haa ta'u malee Itiyoophiyaa keessatti tarkaanfiin warshaa fi itti fayyadama tamboo irratti dhiibbaa qaban hojii irra oolchuun barbaachisaa akka ta'e %70 kan ta'an ibsuun immaammataa fi rakkoo fayyaa hiikuuf erga balaan KOVID-19 jalqabee booda xiyyeeffannoon guddaa gatii tamboo dabaluuf akka kennamu ni eegama.

Dhiibbaa Balaan KOVID-19 Dhaabbilee fi Tajaajila Irratti Geessisu

Akka ilaalcha namoota baay'ee qorannoo irratti yaada isaanii kennaniin, KOVID-19 to'achuuf tarkaanfileen fudhataman kunuunsa fayyaa irratti gahee qabu. Fedhiin itti fayyadama dhukkubsattootaa kunuunsa tajajila fayyaa dhibee daddarboo hin ta'in (NCD) %80 kan akka kaansarii, dhibee onnee, dhibee hafuura baafannaa, sukkaaraa akka dhiibbaa qabu agarsiisa. Akkaataa biyyoottan

baayyee keessatti mul'atuun, ummanni gara dhaabbilee fayyaa deemanii tajaajilamuu sababa sodaa faalama balaa KOVID-19 fedhii xiqqaa qabu. kanaafis namoonni qoricha fudhachuu malan yeroodhaan fudhachuu dhabuu ykn hanqina qorichaaf saaxilamuu dha. Namoonni qoranno kanaaf yaada kennan akka gabaasaniitti, dhabbileen fayyaa kenniinsa tajaajila fayyaa bu'uuraa dhiisanii hojii KOVID-19 tti xiyyeeffatan iiru. Hirmaattonni qorannichaas akka ibsanitti waajjirrii fi dhaabatni sababa KOVID-19 waan cufamuuf, hojjetoonni manaa waan hojjetanniif fi ogeeyyin fayyaa dhaabbilee fayyaa keessa hojjetan gara hojii KOVID-19 ittisuutti waan bobba'aniif rakkoon hin barbaachifne dhaabbata isaanii ni quunnama.

Yaada Odeeffannoo Dabalataa Gara Fuula duratti Imaammata To'annoo Tamboo Gargaaran

KOVID-19 fi tamboo ilaalchisee akkaataa qorannichaatti odeeffannoon armaan gadii baay'ee barbaachisu.

1. Hubannoo gahaa walitti dhufeenya KOVID-19 fi itti fayyadama tamboo irratti
2. Odeeffannoowwan gahaa haala tamboo xuuxuu namoota KOVID-19 qabanii fi xuuxuun essatti warra dhibee KOVID-19 'n qabaman irratti miidhaa fayyaa akka geessise.
3. Ragaa haala jiraachuu fi du'aatii warra KOVID-19 qabamanii; warra xuuxanii fi hin xuuxin, ragaa isaan dhibichaaf saaxilamoo fi saaxilamoo hin ta'in waliin ilaaluu.

Yaada Furmaataa fi Kallattii Fuula Duraa

Itti fayyadamni tamboo dhibamaa fi du'aatii yeroo malee fiduu keessatti balaan isaa akka addunyaatti kan KOVID-19 tiin oli. Akka addunyaatti namootni naannoo miiliyoona 7 ta'an waggaa tokko keessatti sababa tamboo xuuxuutiin lubbuun isaanii ni darba. Haa ta'u malee itti fayyadamni tamboo akka Itoophiyaatti kan biyyoota baay'ee gadi yoo ta'e iyyuu mootummmaan du'aatii fi dhibama sababa tamboo xuuxuu waliin wal-qabatee dhufu salphisee ilaaluu hin qabu. Keessumaa yeroo ammaa kanatti akka ragaan agarsiisutti tamboo xuuxuun dhibee KOVID-19 akka malee waan hammeessuf; fayyaa fi fayyummaa hawaasaatiif wantoota dhibee daddarbaa fi daddarbaa hin taaneef saaxilan biyyattin walitti qindeessuun ilaaluu qabdi.

Itiyoophiyaan tarkaanfilee ittisa weerara KOVID-19 akka carraatti fayyadamuun seera ittisa tamboo xuuxuu cimsuu qabdi. Kun yoo sirriitti hojiirra ooleef, dargaggootni tamboo xuuxuu akka hin jalqabneef gahee ol-aanaa qaba.

Akkasumas, gorsa dhaabbata fayyaa addunyaa hojii irra oolchuuf, caasaa galii fi reetii galii tamboo irraa argamu cimsuuf jabeessanii hojjechuun barbaachisaadha. Galiin kana irraa argamu kunis galii dabalataa sirna fayyaa cimsuuf gargaara. Keessumaa yeroo weerara KOVID-19 kanatti galiin dabalataa wal-gitiinsa kunuunsa fayyaa fi qulqullinni tajaajila fayyaa dhibeewwan daddarboo hin taane ittisuu fi yaaluuf baay'ee murteessaa dha.

Wabii

1. Dobbie, F, et al (2019) Building capacity for applied research to reduce tobacco-related harm in low and middle income countries: protocol for the Tobacco Control Capacity Programme (TCCP), *Journal of Global Health Reports*. doi:10.29392/joghr.3.e2019055
2. Ethiopia's Global Adult Tobacco Survey (GATS) 2016 Fact Sheet.
3. Getachew S, et al (2019). Prevalence and risk factors for initiating tobacco and alcohol consumption in adolescents living in urban and rural Ethiopia. Public Health, 174:118-126.
4. WHO report on the global tobacco epidemic, 2017: Country profile for Ethiopia.
5. Simons, D, et al (2020) The association of smoking status with SARS-CoV-2 infection, hospitalisation and mortality from Covid-19: a living rapid evidence review, *Qeios*, https://www.qeios.com/read/UJR2AW.6

Quunnamtii Ibsa Dabalataaf

Professor Wakgari Deressa, Tobacco Control Capacity Programme leader, Addis Ababa University School of Public Health. Email: wakgari.deressa@aau.edu.et

Selamawit Hirpa, TCCP Research Fellow, Addis Ababa University School of Public Health. Email: Selamawit.hirpa@gmail.com

Sefonias Getachew, TCCP Research Collaborator, Addis Ababa University School of Public Health. Email: safoget@yahoo.com

Dr. Adamu Addissie, TCCP Research Collaborator, Addis Ababa University School of Public Health. Email: adamuaddissie@gmail.com

This study was supported by a grant from the UK Global Challenges Research Fund, grant number MR/P027946/2 with additional funding from the University of Edinburgh's Scottish Funding Council Global Challenges Research Fund (GCRF) allocation.

Study website: https://www.ed.ac.uk/usher/research/projects/covid-19-and-tobacco

---